# ERGAA PHAAWULOOS GARA WARRA GALAATIYAATTI ERGE

1 Phaawuloos ergamticha isa otoo namoota biraa yookaan karaa namaatiin hin ta'in garuu karaa Yesuus Kiristoosiitii fi karaa Waaqayyo Abbaa isa Yesuusin warra du'an keessaa kaaseetiin ergamee fi [2]Obboleeyyan na waliin jiran hundumaa irraa;

Gara Waldoota Kiristaana Galaatiyaatti;

[3]Ayyaannii fi nageenni Waaqayyoo Abbaa keenaa fi Yesuus Kiristoos Gooftaa irraa isiniif haa ta'uu; [4]innis akka fedhii Waaqayyoo Abbaa keennaatti dhaloota hamaa bara kanaa jalaa nu oolchuuf jedhee cubbuu keennaaf uf kenne. [5]Ulfinni bara baraan Waaqayyoof haa ta'uu; aamiin.

### Wangeelli Biraa Hin Jiru

[6]Akkana ariifattanii isa karaa ayyaana Kiristoosiitiin isin waame sana dhiisuudhaan wangeela biraa[a] hordofuun keessan baay'ee na dinqisiisa[b]. [7]Kunis wangeelli[c] biraa tokko ni jira jechuu miti; garuu namoonni isin dogongorsanii wangeela Kiristoos jallisuu yaalan tokko tokko jiru. [8]Nus taanaan yookiin yoo maleekkaan samii irraa dhufe tokko wangeela nu kanaan dura isinitti lallabne sana irraa adda ta'e isinitti lallabe inni bara baraan haa abaaramu. [9]Akkuma nu kanaan dura jenne ani ammas irra deebi'ee nan dubbadha; yoo eenyuyyuu wangeela isin kanaan dura fudhattan sana irraa adda ta'e isinitti lallabe inni bara baraan haa abaaramu.

[10]Ani amma nama biratti fudhatama argachuu yookiin Waaqa biratti fudhatama argachuu nan yaalaa? Yookiin nama gammachiisuu nan yaalaa? ani otoo hanga ammaatti nama gammachiisuu yaalee tajaajilaa[c] Kiristoosi hin ta'u ture.

### Phaawuloos Waaqaan Waamamuu Isaa

[11]Yaa obboleeyyani, akka isin akka wangeelli ani lallabe sun wangeela namaa hin ta'in beettan nan barbaada. [12]Ani wangeela muldhataan Yesuus Kiristoos irraa fudhadhe malee nama tokko irraallee hin fudhanne; yookiin namni na hin barsiifne.

[13]Akka ani yeroo amantii[d] Yihuudotaa hordofaa turetti waldaa kiristaanaa Waaqayyoo akka

[a]6 ykn *dhibii;* [b]6 ykn *ajaa'ibsiisa/ maadeeffachiisa;* [c]10 ykn *hojjataa* [d]13 ykn aadaa

malee gaargalchaa[e] turee fi akka ani balleessuufis yaalaa ture dhageettaniirtu. **14**Amantii Yihuudotaatiin ani Yihuudota hiriyyoota kiyya ta'an baay'ee nan caala ture; bartee[f] abbootii kiyyaatiifis akka malee nan hinaafa ture. **15**Garuu yommuu Waaqni garaa haadha kiyyaatii jalqabee na filateefi ayyaana isaatiin na waame sun, **16**akka ani namoota ormaa jidduutti waayee ilma isaa lallabuuf isa natti muldhisuu jaalatetti ani nama tokkoonillee hin mariyanne. **17**Yookiin ani warra naan dura ergamtoota turan arguuf Yerusaalemitti ol hin baane; garuu yeruma sana biyya Arabaan dhaqe; eegasiis Damaasqoottin deebi'e.

**18**Anis waggaa sadii booddee[g] Pheexiroosiin wal-baruuf jedhee Yerusaalemitti ol-bayee; guyyaa kudhanii shanis isa biran ture. **19**Ani garuu Yaaqoob obboleessa Gooftaa malee ergamtoota kaan keessaa tokkollee hin argine. **20**Ani akka wanti ani isinii barreessu soba hin ta'in fuula Waaqaa duratti isiniifin mirkaneessa. **21**Kana booddees ani gara kutaa biyyaa Sooriyaatii fi Kilqiyaa dhaqe. **22**Waldoonni Kiristaanaa biyya Yihuudaa kanneen Kiristoos keessa jiranis fuula kiyya arganii hin beekan. **23**Isaanis oduu, "namichi dur nu gaargalchaa ture sun amma immoo amantiidhuma duri balleessuuf yaalaa ture sana lallabaa jira" jedhu qofa dhagayani. **24**Isaanis sababii kiyyaaf jedhanii Waaqaaf ulfinna kennan.

### Phaawuloos Ergamtoota Biratti Fudhatama Argachuu Isaa

**2** Ani waggaa kudhanii afuriin booddee[h] deebi'ee Yerusaalemitti ol-baye; ani yeroo kana Barnaabaas wajjiinin ture; Tiitoos uf-faana fudhadhee dhaqe. **2**Anis muldhataan ol-ba'e; wangeela namoota ormaa jidduutti lallabus ibseen isaanitti hime; kanas akka fiigichi kiyya kan dabre, kan ammaas akkasumaan hin hafne waan sodaadheef warra dura-bu'oota fakkaatanitti dhuunfaatti itti hime. **3**Garuu Tiitoon inni na waliin tureyyuu otuma nama Girikii ta'ee jiruu akka dhagna qabatu[i] hin dirqisiifamne[j]. **4**Kunis Sababii obboleeyyan dharaa tokko tokko bilisummaa[k] nu karaa Kiristoosiitiin arganne gaaduun nu garboomfachuuf dhokatanii nu jidduu galaniif ta'e. **5**Nus akka dhugaan wangeelaa isin bira jiraatuuf jennee yeroo diqqoofillee isaaniif hin ajajamne.

[e]13ykn *ariyachaa/baqachiisaa* [f]14 ykn *aadaa/dudhaa;* [g]18 ykn *duubatti,* [h]1 ykn *duubatti;* [i]3 ykn *gadoomu/qabaan-qabaa qabatu;* [j]3 ykn *hingiddeeffamne;* [k]4 ykn *balchummaa*

[6]Waayee warra gugurdaa fakkaatan sanaa yoo isaan waan fedhan ta'aniyyuu anaaf waa tokkollee miti; Waaqayyo fuula namaa ilaalee nama wal hincaalchisu; namoonni kunniin ergaa kiyya irratti waan tokko hin idaane. [7]Karaa kaaniin immoo isaan akkuma Pheexiroos warra gadoomanitti wangeela lallabuuf imaanaan itti kenname sana, anis akka warra hingadoomnetti wangeela lallabuuf imaanaan natti kennamee argan. [8]Waaqni akka Pheexiroos ergamaa ta'ee Yihuudotaaf hojjatu godhe sun akka anis ergamaa ta'ee namoota ormaatiif hojjadhu ni godhaa tii. [9]Yaaqoob, Pheexiroosii fi Yohaannis warri akka "utubaatti" ilaalaman sun yommuu ayyaana naa kenname hubatanitti akka nu gara namoota ormaa deemnu, isaan immoo akka gara Yihuudotaa dhaqan walii gallee tokkummaa isaanii muldhisuuf na simatani. [10]Wanni isaan nu kadhatanis akka nu hiyyeeyyii qaabannu[l] qofaaf ture; kun immoo waanuma ani gochuuf hawwaa turee dha.

**Phaawuloos Pheexiroosiin Mormuu Isaa**

[11]Pheexiroos waan dogongoree tureef yeroo inni Anxookiyaa dhufetti ani otoo waa tokkollee hin dhossin isaan morme; [12]otoo jarri tokko Yaaqoob biraa hin dhufiniin dura inni namoota ormaa waliin nyaachaa ture; yommuu isaan achi gayanitti garuu waan garee warra qabaanqabaa qabatanii sodaateef dudda duubatti deebi'ee namoota ormaa irraa gargar baye. [13]Yihuudonni kaanis itti fakkeessa isaa hordofan; Barnaabaasiyyuu itti fakkeessa isaaniitiin dogongorfamee ture.

[14]Anis yommuu akka isaan daandii dhugaa wangeelaa irra hin deemne argetti hunduma isaanii fuul-duratti Pheexiroosiin akkanan jedhe; "Ati Yihuudii dha; garuu otoo akka Yihuudii tokkootti hin ta'in akka nama ormaatti jiraatta; yoos ati akkamitti akka namoonni ormaa Yihuudota hordofani dirqsiiftaa ree?

[15]"Nu warri dhalootaan Yihuudota taanee kan akka, ‘namoonni ormaa cubbamtoota' hin ta'in, [16]namni tokko Yesuus Kiristoositti amanuun[m] malee akka seera eeguun qajeelaa hin taane beenna; kanaaf otoo seera eeguun hin ta'in akka amantii Kiristoos irratti qabnuun qajeeltota taanu Kiristoos Yesuusitti amanneerra; eenyuyyuu seera eeguun qajeelaa hin ta'uutii.

[17]"Egaa nu otoo karaa Kiristoosiitiin qajeeltota ta'uu barbaannuu nu mataan keennayyuu

[l]10 ykn *yaadannu;* [m]16 ykn *dhugeeffachuun*

cubbamtoota taanee argamnaan Kiristoos tajaajilaa[n] cubbuu ti jechuu dhaa ree? Kun matumaa[o] akkasii miti. **18**Ani waan kanaan dura diige deebisee ijaarraan kun seera cabsituu ta'uu kiyya mirkaneessa. **19**Ani akka Waaqaaf jiraadhu, karaa seeraatiin seeraaf du'eeraatii. **20**Ani Kiristoos waliin fannifameera; ammaan achi Kiristoositu na keessa jiraata malee kan jiraatu anaa miti; ani jireenya amma fooniin jiraadhu kana amantii ilma Waaqayyoo isa na jaalatee naaf jedhee uf kennetti qabuun nan jiraadha.

**21**Ani ayyaana Waaqayyoo hin tuffadhu; otoo qajeelinni karaa seeraatiin argamee Kiristoos akkanumaan du'e jechuu dha kaa!"

### Amantii Yookiin Seera Eeguu

**3** Isin yaa namoota Galaatiyaa gowwootanana[p]! eennutu falfala isinitti hojjate? Yesuus Kiristoos akka waan ijuma[q] keessan duratti fannifameetti fakkeeffamee hin turree? **2**Ani waan tokko qofa isin irraa barachuu barbaada; isin seera eeguun moo waan dhageettan amanuun[r] hafuura Qulqulluu[s] argattan? **3**Isin hagasuma mara gowwaa dhaa? hafuura qulqulluun jalqabdanii amma immoo fooniin xummurtuu[t] ree? **4**Kun dhugumaaniyyuu waan hin fayyanne taanaan isin waanuma hin fayyanneef hagana dhiphattanii ree? **5**Wanni Waaqni hafuura isaa isinii kennee hujii baasaa jidduu keessanitti hojjatuuf sababii isin seera eeddaniif moo sababii isin waan dhageettan amantaniif?

**6**Mee Abrahaamin ilaalaa; "Inni Waaqa amanate; kunis qajeelinnatti lakkaawameef.[u]" **7**Kanaaf akka warri amanan ijoollee Abrahaami ta'an hubadhaa. **8**Kitaabni Qulqulluun akka Waaqayyoo amantiin namoota ormaa qajeeltota godhu duraan dursee argee, "sabni hundinuu karaa keetiin eebbifama" jedhee duraan dursee Abrahaamitti wangeela hime. **9**Kanaaf warri amantii qaban, Abrahaami sa amantii qabu sana waliin eebbifamoo dha.

**10**Warri seera eeguu isaanii abdatan martinuu abaarsa jala jiru; "Namni waan kitaaba seeraa keessatti barreeffame maraaf hin ajajamne kamiyyuu abaaramaa dha" jedhamee barreeffameeraatii. **11**Waan, "Namni qajeelaan amantiin jiraata" jedhameef akka eenyuyyuu fuula Waaqayyoo duratti seeraan qajeelinna hin arganne beekamaa dha. **12**Seerri amanti irratti hin hundeeffamne[v]; garuu,

[n]17 ykn *gargaaraa;* [o]17 ykn *diqqumallee;* [p]*1 ykn gowwoota kana* [q]*1 ykn iluma* [r]*2 ykn dhugeeffachuun* [s]*2 ykn ayyaana woyyuu;* [t]*3 ykn fixattanii* [u]*6 ykn herregameef;* [v]12 ykn *hinyayyabamne*

"Namni seeraaf ajajamu kamiy-
yuu seeraan jiraata" jedhameera.
13Waan "Namni muka irratti
fannifamu kamiyyuu abaaramaa
dha" jedhamee barreeffameef,
Kiristoos nuuf jedhee abaarsa
ta'uudhaan abaarsa seeraa ir-
raa nu fure. 14Kanas akka nu
amantiin waadaa[w] hafuura qulqul-
luu argannuuf jedhee, akka eebbi
Abrahaamiif kenname sun karaa
Kiristoos Yesuusiitiin gara
namoota ormaa dhufu godhe.

### Seeraa fi Waadaa

15Yaa obboleeyyani, ani akka
namaatti dubbadha; kakuu na-
maatyyuu erga yeroo tokko bar-
reeffamee booddee eenuyyuu isa
hin cabsu yookaan wamaa itti
hin ida'u. 16Egaa Abrahaamii fi
sanyii isaatiif waadaan galameera;
kitaabni, akka waan nama hedduuf
dubbatameetti, "sanyiiwwan" hin
jedhu; garuu akka waan nama
tokkoof dubbatameetti, "sanyii
kee" jedha; innis Kiristoosi.
17Wanni ani jedhus kana; seerri
waggaa dhibba afurii fi soddoma
booddee dhufe sun kakuu Waaqni
duraan dursee galee diigee waadaa
sana balleessuu hin danda'u.
18Dhaala argachuun otoo karaa
seeraatiin ta'e ammaan achi dhaalli
karaa waadaatiin hin argamu
ture; Waaqayyoo garuu ayyaana
isaatiin karaa waadaatiin Abra-
haamiif dhaala kenne.

19Yoos seerri maaliif kenname
ree? Serri sababii yakka namaa
kan hanga sanyiin waadaan
kennameef sun dhufetti tureetiif
kenname; seerri sunis karaa
maleekkotaatiin harka namicha
jiddu-deemu tokkootiin hujii irra
oolfame. 20Jiddu-deemaan tokko
garee tokko qofaafii miti; Waaqayyo
garuu tokkichuma.

21Kanaaf seerri waadaa Waaqay-
yootiin mormaa ree? Matumaa[x]
akkasii miti. Otoo seerri nuu
kenname sun jireenya kennuu
danda'ee nu karaa seeraatiin qa-
jeelinna ni arganna ture. 22Ki-
taabni garuu akka wanni waadaa
galame sun karaa Yesuus Kiris-
toosiitiin warra amananiif kennamu
akka addunyaan cuftii humna
cubbuu jala jiru ni dubbata.

23Otoo amantiin hin dhufiniin
dura hanga amantiin muldhifa-
mutti seera jalatti hidhamnee
nutti cufamee turre. 24Kanaaf
akka nu amantiin qajeelinna ar-
gannuuf gara Kiristoosiitti nu
geessuuf seerri guddiftuu keenna
ture. 25Amma garuu waan aman-
tiin dhufeef nu ammaan achi
harka guddiftuu jala hin jir-
raannu.

### Ilmaan Waaqaa

26Hundi keessan amantii Kiris-
toos Yesuusitti qabdaniin ilmaan

[w]14 ykn *kakuu;* [x]21 ykn *diqqumallee*

Waaqayyoo ti. 27Isin warri Kiristoositti cuuphamtan hundi Kiristoosin uffattaniirtuutii. 28Yihuudiin yookiin namni Girikii, garbi yookiin namni bilisa[y] ta'e, dhiira yookiin dubartii jechuun hin jiru; cufti keessan karaa Kiristoos Yesuusiitiin tokkumaatii. 29Eega kan Kiristoosii taatanii yoos isin sanyii Abrahaamiiti; akka waadaattis dhaaltota.

4 Wanni ani jedhus isa kana; daa'imni tokko yoo qabeenna hunda ni dhaala ta'eyyuu hanga daa'ima ta'ee jirutti inni garba kaan irraa addaa miti. 2Inni hanga guyyaan abbaan isaa murteesse sun gawutti warra isa guddisanii fi warra isa bulchan jala jira. 3Nus akkasuma bara daa'imman turretti garbummaa sirna biyya lafaa jala turre. 4Yommuu yeroon murteeffame sun gayetti garuu Waaqayyo ilma isaa isa dubartii irraa dhalate, kan seera jalatti dhalate sana erge. 5Innis akka nu mirga ilmummaa argannuuf warra seera jala jiran furuuf jedhee waan kana godhe. 6Sababii isin ilmaan taataniifis Waaqayyo hafuura ilma isaa kan, "Abbaa, Abbaa keenya" jedhee waamu sana gara keessa garaa keennaatti erge. 7Kanaaf ati ammaan achi ilma malee garbichaa miti; erga ilma taatee immoo karaa kiristoosiitiin dhaaltuu taateerta.

**Phaawuloos Warra Galaatiyaatiif Yaaduu Isaa**

8Isin otoo Waaqa hinbeekiniin dura, "Waaqota" uumama isaaniitiin Waaqa dhugaa hin ta'iniif garboomtanii turtan. 9Amma garuu isin eegii Waaqa beettanii, keessumattuu eegii Waaqa biratti beekamtanii booddee[z] akkamitti gara hafuurota dadhaboo fi hafuurota faayidaa hin qabneetti deebitu ree? Isin ammas isaaniif garboomuu barbaadduu? 10Isin guyyoota, ji'oota, waqtiilee fi waggoota addaan baaftanii kabajju[a]. 11Tarii[b] ani akkasumaanin isinitti dadhabee laataa jedhee waayee keessaniif sodaadha.

12Yaa obboleeyyani, akkuma ani akka keessan ta'e, isinis akka kiyya akka taatan isin kadhadha; isin waan tokkollee na hin goone. 13Yeroo jalqabaatti akka ani sababii dhukkubaatiin wangeela isinitti lallabe ni beettu. 14Yoo dhukkubsachuun[c] kiyya qoramsa isinitti ta'eyyuu isin akka waan ani maleekkaa Waaqayyoo ta'eetti, akka waan ani Kiristoos ta'eetti na simattan malee na hintuffanne yookaan na hin jibbine.15Gammachuun keessan sun eessa jira? Otoo dandaa'amee ija[d] keessanille akka

[y]28 ykn *balchaa* [z]9 ykn *duubatti;* [a]10 ykn *ulfeessitan;* [b]11 ykn *gaafiin;* [c]14 ykn *fayyaa dhabuun;* [d]15 ykn *ila*

uf-keessaa baaftanii naa kennuun fedhii keessan ture ani dhugeessuu[e] nan danda'a. **16**Egaa dhugaa isinitti himuu kiyyaafan diina[f] keessan ta'ee ree?

**17**Namoonni sun gara ofii isaaniitti isin deebifachuuf ni hinaafu; garuu waan dansaafii miti; isaanis akka isin isaaniif hinaaftaniif nurraa gargari isin baasuu barbaadu. **18**Yeroo ani isin bira jiru qofa otoo hin ta'in yeroo hundumaa kaayyoo gaariif hinaaffaa qabaachuun gaariidha. **19**Yaa ijoollee kiyya, ani hanga Kiristoos isin keessatti muldhatutti ammas isiniif jedhee akka dubartii deettuutti nan ciniinsifadha. **20**Ani waayee keessaniif waan shakkii keessa jiruuf otoo isin biratti argamee sagalee[g] kiyya jijjiiradhee akkam hawwa ture!

### Aggaarii fi Saaraa

21Warri seera jala jiraachuu barbaaddan mee natti himaa; isin waan seerri jedhu quba hin qabdanii? **22**"Abrahaam ilmaan lama qaba ture, tokko dubartii garbittii irraa, kaan immoo dubartii bilisoomtuu[h] irraa dhalfate" jedhamee barreeffameeraatii. **23**Ilmi isaa inni dubartii garbittii irraa dhalate akka fedhii fooniitti dhalate; inni dubartii bilisoomtuu irraa dhalate immoo akka waadaatti[i] dhalate.

**24**Kunis akka fakkeenyaatti fudhatamuu danda'a; dubartoonni kunniin kakuuwwan lamaan agarsiisu; isiin tokko tan gaara Siinaa irraa dhuftee dha; isiin garbummaaf ijoollee horti; isiinis Aggaari. **25**Egaa Aggaar akka gaara Siinaa isa biyya Arabaa keessaati; isiinis magaalaa[j] Yerusaalemii Isii yeroo ammaatti fakkeeffamti; magaalaan tun ijoollee isii wajjiin garbummaa keessa jirtiitii. **26**Yerusaalem isiin samii irraa garuu bilisoomtuu dha; isiinis haadha hunda keennaa ti; **27**Akkana jedhamee barreeffameeraatii:

" Yaa dubartii dhabduunana[k]
tan ijoollee tokkollee hin dayin
ati gammadi;
atis tan ciniinsifattee hin beenne
guddisiitii ililchi.
ijoollee dubartii dhiirsa qabduu caalaa,
ijoolleen dubartii dhiirsi isii
dhiisee ni baay'atu."

**28**Yaa obboleeyyan kiyya, isinis akkuma Yisaaqi ijoollee waadaa ti. **29**Yeroo sana ilmi akka fedhii fooniitti dhalate sun ilma humna hafuuraatiin[l] dhalate gaargalche[m]; ammas akkasuma. **30**Garuu kitaabni maal jedha?

[e]15 ykn *dhuga-bawuu/rageessuu;* [f]16 ykn *nyaapha;* [g]20ykn *qoonqoo/qoonqa;* [h]22 ykn *niitii balchaa;* [i]23 ykn *kakuutti;* [j]25 ykn *dira;* [k]27 ykn *maseentuu tana;* [l]29 ykn *ayyaanaatiin;* [m]29 ykn *ariyate/baqachiise*

"Garbittii sanaa fi ilma isii ari'i;
ilmi garbittittii ilma dubartittii
bilisoomtuu waliin hin dhaa-
luutii" jedha. 31Kanaaf yaa obbo-
leeyyani; nu ilmaan dubartii bili-
soomtuu sanaa ti malee ilmaan
garbittiitii miti.

### Bilisummaa Kiristoosiin Argamu

5 Akka bilisummaan[n] jiraannuuf
Kiristoos bilisa nu baase;
kanaaf jabaadhaa dhaabadhaa!
deebitaniis qaambara garbummaa
jala hin galinaa.
2Mee dubbii koo hubadhaa!
yoo gadoomtani[o] akka Kiristoos
waan tokko isin hin fayyanne
ani Phaawuloos isinittin hima.
3Namni qabaanqabaa qabatu
hundinuu akka guutummaatti
seera eeguun dirqama[p] isaa ta'e
ani ammas nanmirkaneessaaf.
4Isin warri seeraan qajeelinna
argachuu barbaaddan Kiristoos
irraa gargari baataniirtu; ayyaana
irraas fagaattaniirtu. 5Nu garuu
karaa hafuuraatiin[q] abdii qajee-
linnaa sana jabaannee amantiin[r]
eeggachaa jirra. 6Kiristoos Ye-
suus keessa jiraannaan dhagna
qabachuun yookaan qabachuu
baachuun womaa hin fayyadu;
wanni fayyadu amantii jaalalaan
muldhifamu qofa.

7Isin akka dansaa fiigaa turtan;
Eennutu dhugaaf ajajamuu isin
dhowwe[s] ree? 8Sossobbiin ak-
kasii isa isin waame sana biraa
hin dhufu. 9"raacitiin[t] diqqoon
bukoo hunda ni bukeessa." 10Ani
akka isin yaada dhibii[u] hin qa-
baanne karaa Gooftaatiin isin
amana; abbaa fedhellee taanaan
namni isin jeequu[v] kamiyyuu
murtii ni argata. 11Garuu yaa
obboleeyyani, ani ammayyuu
waayee gadoomuu lallabaa jiraad-
hee hanga ammaatti maaliifin
gaargalfama[w] ree? Otoo akkas
ta'ee immoo fannoon gufuu
ta'uun isaa hafeera jechuu dha
kaa! 12Warri isin jeeqan sun
dhagna qabachuu qofaa mitii
otoo isaan ufi irraa muraniyyuu
nan hawwa!
13Yaa obboleeyyan kiyya, isin
akka bilisa taataniif waamamtan;
jaalalaan wal-tajaajilaa[x] malee
bilisummaan keessan kun fedhii
foonii guutuuf karaa hin banin.
14Seerri cuftinuu dubbii tokki-
cha, "ollaa kee akka ufii keetiitti
jaaladhu" jedhuun xummu-
rameeraatii[y]. 15Garuu isin yoo
wal-ciniinuu fi wal -nyaachuutti
fuftan akka wal hin fixneef uf-
eeggadhaa.

### Jireenna Hafuuraa

16Wanni ani jedhu garuu kana;

[n]1 ykn *balchuumaan;* [o]2 ykn *dhagna qabattan/qabaanqabaa qabattan;* [p]3 ykn *giddii;* [q]5 ykn *ayyaanaatiin*; [r]5 ykn *dhugeeffachaan;* [s]7 ykn *dhoogge/dhoorke*; [t]9 ykn *waan daakuun bukeessan;* [u]10ykn *biraa;* [v]10 ykn *mufachiisu;* [w]11 ykn *ariyatama/baqachiifama;* [x]13 ykn *gargaaraa;* [y]14 ykn *muumma'e*

"hafuuraan deddeebi'aa; hawwii fooniis hin raawwatinaa[z]." [17]Hawwiin foonii hafuuraan ni mormaatii; hawwiin hafuuraas fooniin ni morma; isaan akka isin waan hojjachuu barbaaddan hin hojjanneef wal mormu. [18]Isin yoo hafuuraan geegeffamtan seera jala hin jirtani.

[19]Hujiiwwan fooniis beekamoo dha; isaanis halalummaa[a], xuraawummaa fi ejja[b], [20]Waaqota tolfamoo waaqeffachuu, falfala hojjachuu, diinummaa[c], aarii, hinaaffaa, dheekkamsa, ufittummaa, wal-loluu, gargari bawuu, [21]goomiachuu[d], machii, albaadhummaa[e] fi kanneen kana fakkaatan fa'a. Ani akkuma kanaan dura isin akeekkachiise[f] akka warri waan akkanaa hojjatan mootummaa Waaqayyootti hin galle ammas isin akeekkachiisa.

[22]Firiini[g] hafuuraa garuu jaalala, gammachuu, nagaya, obsa, arjummaa, dansummaa, amanamummaa, [23]garraamummaa[h] fi uf qabuu dha; seerri waan akkanaa dhowwus hin jiru. [24]Warri kan Kiristoosi ta'an ammoo foon fedhii isaatii fi hawwii isaa waliin fannisaniiru. [25]Nu yoo hafuuraan jiraanne, koottaa hafuuraan deddeebinaa. [26]Koottaa uf-hin tuulluu; walhin aarsinuu; walittis hin hinaafnuu.

## Nama Hundumaaf Waan Gaarii Gochuu

6 Yaa obboleeyyani, yoo namni tokko otoo cubbuu hojjatu argame, isin warri namoota hafuuraa taatan garraamummaan[i] isa deebisuu qabdu; atis akka hin qoramneef uf-eeggadhu. [2]Isin ba'aa keessan walii baadhaa; akkasittis seera Kiristoos ni raawwattu[j]. [3]Eenyulleen otoo womaa hinfayyadin yoo akka waan waa fayyaduutti uf-lakkaa'e[k] uf-gowwoomsa. [4]Namni marti hujii mataa isaa haa qoruu; ergasiis otoo nama kamittuu uf-hin madaalin uf- jajuu ni danda'a. [5]Namni cufti ba'aa mataa isaa baadhachuu qabaatii.

[6]Namni dubbii Waaqaa barachaa jiru kamiyyuu waan gaarii hundumaa barsiisaa isaa wajjiin haa qooddatu. [7]Hin gowwoomfaminaa; Waaqayyootti qoosuun hin danda'amu; namni tokko waanuma facaafate galfataatii. [8]Namni foon ufii gammachiisuuf jedhee facaasu foon sana irraa badiisa galfata; namni hafuura gammachiisuuf jedhee facaasu immoo hafuura sana irraa jireenya bara baraa galfata. [9]Koottaa waan

[z]16 ykn *hin hojjatinaa/hinguutinaa;* [a]19 ykn *hawadii;* [b]19 ykn *sharmuuxummaa;* [c]20 ykn *nyaaphummaa;* [d]21 ykn *qoxxisuu;* [e]21 ykn *garaadummaa;* [f]21 ykn *seere;* [g]22 ykn *midhaani;* [h]23 ykn *garaatoliisa;* [i]1 ykn *garaa dansaan;* [j]2 ykn *guuttan;* [k]3 ykn *herrege*

gaarii hojjachuu hin nuffinuu[l];
yoo abdii kutachuu baanne gaafa
yeroon isaa ga’e oomisha[m] isaa
ni galfannaatii. 10 Kanaaf koottaa,
carraa[n] qabnuutti fayyadamnee
nama maraaf, keessumattuu warra
maatii amantootaa ta'aniif waan
gaarii goonaa.

**Uumama Haaraya Malee Gadoomuu Miti**

11 Ani yeroo harkuma kiyyaan
isinii barreessetti qubee gugur-
daa hagam ga'utti akkan fay-
yadame mee ilaalaa!
12 Warri fooniin gaarii ta'anii
muldhachuu barbaadan akka isin
gadoomtan[o] isin dirqisiisuu[p] yaalu;
isaanis fannoo Kiristoosiitiif jedhanii
akka hin gaargalfamne[q] qofaaf
waan kana godhu. 13 Isaan foon
keessaniin uf-jajuuf jedhanii akka
isin dhagna qabattan barbaadu
malee, warri dhagna qabatan
mataan isaaniiyyuu seera hin
eegan. 14 Fannoo gooftaa keenya
Yesuus Kiristoos kan ittiin ad-
dunyaan naaf fannifame, kan anis
ittiin addunyaaf fannifame sana
malee waan biraatiin[r] uf -jajuun
narraa haa fagaatuu. 15 Uumama
haarayatu fayyada malee qa-
baanqabaa qabachuun yookiin
qabachuu baachuun womaa hin
fayyadu. 16 Nageenni fi araarri
warra akka seera kanaatti ded-
deebi'an cufaaf, Israa'elota
Waaqayyootiifis haa ta'uu.
17 Ani nafa kiyya irraa godaan-
nisa[s] Yesuus qabaatii ammaan
achi namni tokkoyyuu na hinrak-
kisin.
18 Yaa obboleeyyani, ayyaanni
Gooftaa keenya Yesuus Kiris-
toos hafuura keessan waliin haa
ta'uu; aamiin.

[l]9 ykn *hinifannuu* [m]9 ykn *midhaani* [n]10 ykn *qoommii;* [o]12 ykn *qabaanqabaa qabattan/ dhagna qabattan* [p]12 ykn *giddeessuu* [q]12 ykn *hinariyatamne/ baqachiifamne* [r]14 ykn *dhibiin* [s]17 ykn *gadaannisa*